# سُورَةُ الانفِطَار
# Suuraa Infixaar

*Dura dursoo suuran tun {suuratul'infixaar} je'amti — قبل كل شئ هذه هي سورة الإنفطار

* Isiin suuraa makkaati. — وهي مكيـة

*Aayaanni isi'ii kudha sagali { 19 } — وآياتها تسع عشرة آية {١٩}

*Lakkooysi isi'ii saddeettammii lama{ 82 } — وعددها اثنان وثمانون { ٨٢ }

*Isiin eega {suuratunnaazikgaatii} buutee — نزلت بعد سورة النّازعات

*Jalqabni dubbi'ii maqaa Rabbii rahgmata qabuuti. — بِسْمِ اللَّهِ الرَّحْمَٰنِ الرَّحِيمِ

إِذَا السَّمَاءُ انفَطَرَتْ ﴿١﴾

**1}***Gaafa samiin baqayxe.

وَإِذَا الْكَوَاكِبُ انتَثَرَتْ ﴿٢﴾

**2}***Ammas gaafa urjiin sami`ii harcaate.

وَإِذَا الْبِحَارُ فُجِّرَتْ ﴿٣﴾

**3}***Ammas gaafa bahgarri hundi walitti ba-namee ,bahgara tokko taye, bishaan mi`aay-a`aafii , hadhaayan walitti makamee.

وَإِذَا الْقُبُورُ بُعْثِرَتْ ﴿٤﴾

**4}***ammas gaafa biyyeen qabri`ii gara gal-famtee,warri keessatti awaalame jiraachif-amee ,qabri`ii baafame,sun guyyaa qiya-ama`aati

عَلِمَتْ نَفْسٌ مَّا قَدَّمَتْ وَأَخَّرَتْ ﴿٥﴾

*Gaafas lubbuun nama hundaa waan addu-nya`arratti dalaydee dabarsiteefii,
**5}***Waan dalaguu dhiiftee , boodaa aansite beyte gaafas namuu sheenayuun oolu ma-maalif ? namni sharrii dalage maalifan dalagee, qixaaxa mudadhe je`eeti sheenaya ,ammoo namni sawaaba waan gaarii dalagee argate maalifan waan gaarii heddommeysee hojjatuu oole ? akkan sawaaba guddaa hedduu helu je`eeti sheenaya, duuba namni kun dura jiru, akkamitti waan gaarii malee waan ha-mtuu dalaga?.

يَا أَيُّهَا الْإِنسَانُ مَا غَرَّكَ بِرَبِّكَ الْكَرِيمِ ﴿٦﴾

*Yaa nama Rabbitti kafaree , karaa islaamaa qabatuu dide
**6}***Maaltu si dage, yookaa si gowwoomsee Rabbii kee , arjaa si qananiisetti si kafars-

iisee , islaamayuu si dhoowwe.

ٱلَّذِى خَلَقَكَ *Rabbii kee , kan sii hin jirre , sii waan kana hin je`amne , si uumee , wahi je`amtee .

فَسَوَّىٰكَ *Duuba si uumee,akka hama`atti sin dhiifnee ,humna gaarii,sii uume .humnaafii waan biraatin si guutee

فَعَدَلَكَ ﴿٧﴾ **7}***humna,tee wal ,qixxeessee, kan harki kee ,tokko kaanirra hin dheeranni kan miillinis ammallee humniti biraatis, akkaan walitti qajeeltu.

فِىٓ أَىِّ صُورَةٍ مَّا شَآءَ رَكَّبَكَ ﴿٨﴾ **8}***Kan Rabbiin kee , akka ifii fedh etti bifa ifii fedhetti, si uume, kan ati na uumi takkaa akkanatti na uumi, jettee hin kadhatin,fedhii isaatin ,arjummaa isaatin,si uume ,uumaa si tolchee ,humna tee walitti qabee diriirsee,duuba isuma akkatti dhabamarraa si uumetu,guyyaa boruu si jiraachisee, qabri`ii si kaasee waan ati dalayderraa si gaafatu`uu taa`aa,akkamitti Rabbii kee kanatti kafarta?itti amantee galata isaa galchuu ooltee.si waan Rabbiin taphaaf,akkatti si uume seetee ?.

كَلَّا *Jallinarraa dhaabbadhaa kennaa yookaa qananii Rabbiitin hin dagaminaa, wanni Rabbiin isin uumef, akka waan isin addunya`arratti dalaydan laalee, guyyaa boruu ka tole jannata seensisee qananii addunya`arratti isaanii kenne daran, ta biraa isaanii kennee ammoo kan hammaate qixaaxu`uuf isin uume , ni dhuftii hin dhugo'oomsitan , dalagaa teessanirratti hisaabamuu ,

بَلْ تُكَذِّبُونَ بِٱلدِّينِ ﴿٩﴾ **9}***Haa tayuu isin yaa warra Rabbitti kafare, qiyaama takkaa gaafatamuu hin dhugo`oomsitanii , ni kijibsiiftan.

وَإِنَّ عَلَيْكُمْ لَحَـٰفِظِينَ ﴿١٠﴾ **10}***Waa takka beekhaa isin hundarra malaykaa dalagaa teessan eeydutu jira ,

كِرَامًا *Malaaykaa Rabbi biratti , kabajaa qabdu ,

كَـٰتِبِينَ ﴿١١﴾ **11}***Tan waan isin dalaydan hunda katabdu.

يَعْلَمُونَ مَا تَفْعَلُونَ ﴿١٢﴾ **12}***Malaaykonni ,sun, waan isin dalaydan , hunda xiqqaattuu guddattuu lammaattuu toltuu, ni beekhanii waa takkan dhiisanii ,ni kataban ,malaaykonni dalagaa namaa katabdu sun, mirgaafii, bitaa namichaati taa`an,hoggaa namichi, takkaa namittiin , sagaraa dhaqu yookaa dhayxu , takkaa hoggaa janaabaa qabu yookaa qabdu hoggaa qaama dhiqatu yookaa dhiqattu , malee biraan deeman yoo

haala kana keessatti waa dalage foole`een beekanii kataban dilii aja`aan waan gaarii urga`aan. tanaaf isaanirraa qaanfatuun barbaadama, malaaykonni dalagaa namaa katabdu raqiibifii, kgatiid je`aman,kan kheyrii katabu mirga namichaati taa`aa hoggaa namichi waan gaarii dalage jecha tayuu, dalagaa tayuu, dafeeti kataba , kaan hin gaafatuu. Ammoo kan sharrii katabu, bitaa taa`aa , hoggaa namni sharrii dalage dhalaa tayuu dhiira tayuu , dafee hin katabuu , malaaykicha khayrii katabu san ,nan katabaa je`ee , gaafata duuba mee afadhu dilii tanarraa dafee tawbatuu , yookaa deebi`uu,hin ooluu, je`aan ,duuba yoo dafee araara Rabbirra barbaaduu baate,katabi Rabbi isa haa balleysuu je`aan .diliin namni dalagu malaaykaa miiti, maalif diliin malaayka`atti ajooyti, akkuma khayrin isaan gammachiiftee itti urgooytu.

إِنَّ ٱلۡأَبۡرَارَ

*warri dhuga`aan Rabbitti amane kan waan Rabbiin dalagaa je`een dalagee, waan inni dhiisaa je`uun dhiisu,

لَفِي نَعِيمٖ ١٣

**13}***Guyyaa ,boruu ,nikgma yookaa , qananii Rabbii keessa qubatan ,sun jannataa ,kan waan fedhan hunda keessatti argatan.

وَإِنَّ ٱلۡفُجَّارَ

*Ammoo warri Rabbitti kafare,kan nabi Muhammad hin dhugo`oomsine.

لَفِي جَحِيمٖ ١٤

**14}***Guyyaa boruu ibidda jahannam kan isaan gubu keessa zalaalamii qubatan.

يَصۡلَوۡنَهَا يَوۡمَ ٱلدِّينِ ١٥

**15}***Ibidda san seenaniiti ow`a isaatin waaddamu`uu taa`an guyyaa jazaa`iidhaa . sun guyyaa qiyaama`aatii.

وَمَا هُمۡ عَنۡهَا بِغَآئِبِينَ ١٦

**16}***Ormi kuffaaraa kan ibidda seene sun , jahannama sanirraa, zalaalamii hin fagaatu takkaa hin bayu jechu'.

وَمَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٧

**17}***Waan guyyaan {yawmuddiin} taye, maaltu si beysise?.

ثُمَّ مَآ أَدۡرَىٰكَ مَا يَوۡمُ ٱلدِّينِ ١٨

**18}***Ammas yaa ergamaa kiyyaa Muhammad ,maaltu waan guyyaan qiyaama'aa taye si beysise , yoo beekuu baatte nuutu sii himaa.

يَوۡمَ لَا تَمۡلِكُ نَفۡسٞ لِّنَفۡسٖ شَيۡـٔٗاۖ

*Guyyaan {diin} takkaa qiyaama`aa sun , guyyaa nama tokkolleen nama kaanii waa taruu hin dandeenye , kan namuu tiyyaafuu akkamin taya je`u,

**19}***Dubbiin guyyaa qiyaama`aa san ta Rabbiiti namni namaaf dubbatu , yoo Rabbiin fedhe malee hin jiru.

وَٱلۡأَمۡرُ يَوۡمَئِذٖ لِّلَّهِ ١٩